# Bishaan Qaruuraa: Gaaffii fi Deebii

Barruun kun gaaffilee bishaan qaruuraa irratti yeroo baay'ee ka'an deebisa. Bishaan qaruuraa, bishaan qaruuraa kessatti saamsamee dhufu dha. Bishaan qaruuraa, kan bishaan maashinii keessaa bahuun irraa adda.

## Bishaan qaruuraa bishaan bombaa irra danuu dhaa?

Bishaan qaruuraa kan boombaa irra danuu ta'uuf ragaan hin jiru. Bishaan qaruuraa fi boombaa ulaagaan qabiyyee isaanii walfakkaataa dha.

## Seerri bishaan qarruuraa fi boombaa maal fakkaata?

Bishaan boombaa waajjira bishaanii kan US tiin hogganama. Ejensii Eegumsa Naannoo (Environmental Protection Agency, (EPA)) tiin seera "Safe Drinking Water Act" jalatti hogganama. Kutaan Fayyaa Mineesootaa (MDH) yeroo yerootti qulqullina bishaan boombaa mirkaneessa. Bu'aa qulqullina kanaas EPA ummatatti ni beeksisa. Akkasumallee, EPA waa'ee dhiibbaa fayyaa faalamni bishaanii qaban, madda bishaanii illee ummatatti ni beeksisa.

Bishaan qaruuraa US jalatti akka bu'aa nyaataatti to'atama. Bulchiinsa Nyaataa fi Qorichaa (FDA). FDA kaampaaniiwwan bishaanii laaboraatorii raggaa'anitti fayyadamuun akka qulqullina bishaanii mirkaneessanis ta'e bu'aa qorannoo akka beeksisan hin barbaadu. FDA qabiyyee bishaan qaruuraa keessatti argaman akka ifa ta'anii barreeffaman ni barbaada.

## Bishaan qaruuraa eessaa dhufa?

Bishaan qaruuraa maddawwan garaagaraa irraa dhufa, akkuma bishaan boombaa. Takka takka bishaan qaruuraa salphaatti isin bittan, bishaan boombaa ta'ee kan qabiyyeen albuuda isaatii jijjiirameedha. Maddawwan biroo kanneen akka biirii, burqaawwan fa'a ta'uu mala.

## Bishaan qaruuraa akkamitti moggaafama?

Moggafni bishaan qaruuraa ulaagaalee guutuu qabu ni jiru. Ulaagaalee moggaasaa kan madda bishaanichaa, qabiyyee, rukkinaa fi faayidaa bishaanichaati. Ulaagaaleen kun kan taa'an bishaanicha sirriitti akka ibsaniifidha. Fakkeenyaaf, yoo moggaafni bishaanichaa "bishaan burqaa" jedha ta'e, bishaanichi kan burqaa ta'uu qaba.

## Bishaan qaruuraa yoom irra caala barbaachisa?

Haalawwan tokko tokko keessatti, bishaan qaruuraa filannoo duraa ta'a, kanneen akka:

- Yeroo maddi qulqulluu argamuu dhabutti, fakkeenyaaf yeroo imala karaawwanii.
- Balaa uumamaa.
- Yoo bishaan keessan faalamuu ta'uu isinitti himamu.
- Yoo bu'aan qorannoo bishaan akka faalame ibsee fi bishaan sana yaaluuf carraa hin qabdam taanaan.

Haalawwan armaan olii keessatti, nyaata daa'immanii qopheessuuf yookin daa'imman waggaa tokkoo gadiif bishaan qaruuraatti fayyadamuun barbaachisaadha.

Bishaan qaruuraa haala fayyaa irratti hundaa'uun qabiyyee albuudaa gadaanaa yoo barbaachise illee filannoo jalqabaati. Bishaan qaruuraa isiniif mijataa ta'uu hakiima keessan faana mari'adhaa.

## Flooraayidiin hoo?

Flooraayidiin fayyaa ilkaanii eeguu keessatti qabiyyee barbaachisaadha. Flooraayidiin hundaaf barbaachisaadha, daa'imman ilkaan jalqabaa baasan irraa jalqabee hanga nama guddaatti.[1]

Flooraaydii bishaan keessatti dabaluun fayyaa afaanii fi ilkaanii eeguuf ni gargaara. Mineesootaa keessatti, bishaan sararaa hunduu yeroo mara flooraayidii of keessaa qaba.[2] Bishaan qaruuraa garuu flooraaydii hin qabu, yoo qabaates qabiyyeen isaa gadaanaadha.

Yoo bishaan qaruuraa bittan, qabiyyee flooraayidii isaa ilaaluun barbaachisaadha, yoo qabaates hammam akka ta'e. Kaampaaniwwan tokko tokko floorayidii itti dabalu, hammi isaas barreeffamee taa'uu qaba. Yoo bishaanichi flooraayidii duraan qaba ta'e, odeeffannoon flooraayidii barraa'uu hin barbaachisu. Flooraayidii hammam akka qabu baruu yoo barbaaddan, kaampaaniitti bilbiluun gaafadhaa.

## Qaruuraan plaastikii irra deebiin fayyadamuun fayyaa irratti dhiibbaa qabaa?

MDH qaruuraa plaastikiitti irra deddeebiin akka fayyadaman hin deeggaru. Qaruuraa yoo irra deddeebiin fayyadaman, baakteeriyaa fi orgaanizimoota dhukkuba fidaniin faalamuu danda'a. Qaruuraawwan kana irra deebiin fayyadamuun orgaanizimoota kanaaf nama saaxila. Qaruuraan duwwaa faalama naannoo hir'isuuf irra deebiin fayyadamuun barbaachisa.

## Bishaan qaruuraa yeroo hammamiif tura?

FDA yoo sirriitti qabameefi hin banamne, bishaan qaruuraa yeroo hammana hin jedhamneef turuu danda'a. Kaampaaniwwan guyyaa itti jijjiiramni mi'aawaa fi foolii itti dhufu barreessuu danda'u. Bishaan qaruuraa iddoo qorraa, kan ifa aduu hin arganneetti taa'uu qaba.

## Gatiin bishaan qaruuraa kan bishaan boombaa faana yoo ilaalamu akkami?

Bishaan qaruuraa gatiidhaan dachaa heddu bishaan boombaa ni caala. Mineesootaa keessatti, bishaan boombaa saantima 0.58tti gurgurama.  Akka Waldaa Gamtaa Gabaa Dhugaatii (Beverage Marketing Corporation, (BMC)), 2019tti gatiin bishaan qaruuraa gallon tokko $1.18tti tilmaamama.

Bulchiinsa Fayyaa Mineesootaa
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4700
health.drinkingwater@state.mn.us
www.health.state.mn.us

Oktoobar 2021
*Odeeffannoo kana bifa biraatiin argachuuf, 651-201-4700 bilbilaa. Waraqaa irratti kan maxxanfame.*

---

[1] Waldaa daarekteroota hakiimota ilkaanii mootummaa, Waraqaa adii (Association of State & Territorial Dental Directors, White Pape): Saamunaa ilkaanii floorayidii (PDF) (http://www.astdd.org/www/docs/fluoride-toothpaste-white-paper.pdf), Jaanuwaarii 2016, gaafa 05/05/2021 kan baname.

[2] Joornaalii Akkaadamii Yaala Daa'immanii Ameerikaa, faayidaa Floorayidii fayyaa ilkaanii eegu keessatti | Akkaadamii Yaala Daa'immanii Ameerikaa (https://pediatrics.aappublications.org/content/146/6/e2020034637), Diisember 2020, gaafa 05/05/2021 kan baname.

[3][3] Bishaan qaruuraa hamma baasan? Bishaan qaruuraa| IBWA | Bishaan qaruuraa (https://bottledwater.org/how-much-does-bottled-water-cost/#:~:text=How%20Much%20Does%20Bottled%20Water%20Cost%3F%20According%20to,water%20is%20available%20at%20many%20differing%20price%20points.) 2019, gaafa 05/19/2021 kan baname